Tommy's NHS

Oromo

# Daa'imni keesosocho'uun Mallattoo nagaa ta'uu isaaniti

**Dubartooti hedduun yeroo baay'ee daa'imman isaanii akka sosocho'an kan miireffatan ulfa torbanoota 16 hanga 24 jidduutti.**



## Daa'imnikoo hangam sosocho'uu qaba?

Lakkoofsi sochii kana jedhamee kaa'ame hin jiru.

Torbanoota 16 hanga 24 irraa kaasee hanga turbanoota 32 tti sochiin daa'ima keetii baayyinaan sitti dhaga'amuu mala, sana booda hanga deessutti haala wal fakkaataa ta'een tura.

## Waa'eesochii daa'ima keetii irratti yaaddooqabda taanaan gorsafudhachuudhaaf GUYYAA ITTI AANU hin eegiin.

Daa'imman xumura ulfaa irratti humnaan yookaan garmalee sosocho'u jechuun **DHUGAA MITI.**

Hanga yeroo dhabduu taatuutti yookan erga dadhabduu taatee boodas daa'imni kee socho'uu **ITTI FUFUU** qabaata.

## Sochiiwwan daa'ima keetii bari

## Sochiin daa'imman kootiif maalif barbaachise?

Sochiin daa'ima xiqqaachuun fayyaa daa'ima keetii gaarii ta'uu dhiisuu dhiisuusaaf mallattoo akeekkachiisaati.

Dubartoota daa'imman garaa ba'e walakkaarraa ol mallattoo daa'imni isaanii sochii dhaabuu yookan sochii xiqqeessuutu baayyinaan irratti mul'ata.

Sochiin daa'ima keetii yoo xiqqaateera yookaan sochii dhaabeera jettee yaadde deessistuu kee yookaan muummee haadholii hatattamaan **qunnami** (deessistootni sa'aatiiwwan 24 torbanitti guyyaa 7 ni argamu) Ogeessi da'uumsaa yeroo hunda jira, halkanis.

- **Ogeessa** da'uumsa yookan muummee haadholii qunnamuu hin dhaabin.
- **Waa'ee bilbiluu hin dhiphatiinaa,** yooma shakkii qabaattanillee ogeessa da'uumsaa yookan muummee haadholii gorsaaf qunnamuun barbaachisaadha. Kallattiidhaan carraan si arguu barbaaduu isaanii ballaa ta'uu danda'a.

## Ammas sochiin daa'imaa kootii ni hir'ata yoo ta'e hoo?

Hordoffii booda sochii daa'ima keetiitti hin gammaddu taanan, kallattiidhaan deessistuu yookan muummee haadholii qunnami, yeroo darbe wanti hundi nagaadha utuu ta'eeyis.

**Hanga fedhe deddeebiidhaan haalli kun yoo sirratti mul'ate iyyuu, deessistuu yookaan muummee haadholii qunnamuuf GONKUMAA SITTI HIN DHAGA'AMIIN. Guyyaatti sa'aatii 24 deessistuuwwan muummee haadholii keessatti ni argamu.**

Dhahannaa onnee daa'ima keetii mirkaneessuuf, too'attuuwwan harkaa yookaan appilikeeshiniiwwan bilbilaa hin fayyadamiin.

Dhahannaa onnee daa'ima keetii yoo agartes, kana jechuun daa'imni kee nagaadha jechuu miti.

Kontaktní údaje:

**Maddootaa fi Beekkamtiiwwan kennuu**
Barreeffamni as irratti argamu kun, Qajeelfama RCOG Giriinn–tooppi Lakk. 57 *Hir'achuu Sosochii Daa'imaa* (2011) fi barruu odeeffannoo RCOG irratti hundaa'a *Sochii daa'imakeetii yeroo ulfaa: odeeffannoo si'iif* (2012).

Dhaabbatni armaan gadii barreeffama kana qopheessuu keessatti deeggarsa waan godheef haa galatoomu.

MAMA Academy positive about pregnancy

Sands Stillbirth & neonatal death charity

KICKS COUNT™ empowering mums-to-be with knowledge & confidence

Tommy's

Together, for every baby

tommys.org

Kan maxxanfame: Sadaasa 2023 | Keessa deebii itti aanu: Sadaasa 2026

Tommy's dhaabbata tolaa galmee Lakk.1060508 fi SC039280 jalatti argamuudha.